# سُورَةُ الشَّمۡسِ
# Suuraa Shamsi

*Dura,dursoo,suuran tun {suuratulshamsi} je'amti.

قبل كل شئ هذه هي سورة الشمس

*Isiin suuraa makkaati .

وهى سورة مكية

*Aayaanni isi'ii kudha shani .

وآياتها خمسة عشرة آية

*Lakkooysi isi'ii sagaltamii tokko .

وعددها واحد وتسعون

*Isiin eega suuraa { qadriitii } buute

نزلت بعد سورة القدر

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabutii.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

**1}***Adu'uufii ifa isi'iitin khakhadhee.

وَٱلشَّمۡسِ وَضُحَىٰهَا ١

**2}***Ji'a adu'utti aanee hoggaa aduun seentu bayuun khakhadhee.

وَٱلۡقَمَرِ إِذَا تَلَىٰهَا ٢

**3}***Guyyaa hoggaa orra`ee aduu mul`iseen kakadhee.

وَٱلنَّهَارِ إِذَا جَلَّىٰهَا ٣

**4}***Halkan hoggaa dukkana isaatin aduu dhuyseen kakadhee .

وَٱلَّيۡلِ إِذَا يَغۡشَىٰهَا ٤

**5}***Sami`iifii,nama isii ol fuudhee jaaren khakhadhee.

وَٱلسَّمَآءِ وَمَا بَنَىٰهَا ٥

**6}***Ammas dachi`iifii, nama isii afee bal-`iseen khakhadhee .

وَٱلۡأَرۡضِ وَمَا طَحَىٰهَا ٦

**7}***Ammas lubbu'uufii nama qajeelchee ,isii uumee guutee.

وَنَفۡسٖ وَمَا سَوَّىٰهَا ٧

*Waan hamtu'uufii,

فَأَلۡهَمَهَا فُجُورَهَا

**8}***wan gaarii isi`iif adda baase kan karaa gaari`iifii karaa hamaa adda isii barsiisen khakhadhee, sun Rabbii tokkichaa.

وَتَقۡوَىٰهَا ٨

**9}***Dhugumaan namni nabsee waan ham-tu`urraa xahaarse milkaaye, namni ibaadaa Rabbii heddommeysee , haala badaa akka kijibaa, hisdi`ii, takkaa waanyu-

قَدۡ أَفۡلَحَ مَن زَكَّىٰهَا ٩

mma`aa if guddisu`uu,if dhaadu`uu,nama xiqqeysu`uu doyn`umma`aa fa`arraa nabsee isaa dhoowwe, dhugumaan Rabbiifii , nama biratti milkaaye { zakkaahaa } jechuun , qulqulleyse jechu.

وَقَدۡ خَابَ مَن دَسَّىٰهَا ﴿١٠﴾

**10}***Ammas dhugumaan, hoongayee khasaarame bade namni nafsee isaa dhoyse takkaa awwaale xiqqeesse nabsee dhoysuun ,takkaa xiqqeessun,waan Rabbiin irraa dhoowwe ,haala badaa nabsee qabsiisuu takkaa dalaysiisu,sun akka zina`aa ,hannaa ,khijibaa ,hisdi`ii, akkasuma waan Rabbin itti ajaje dalaguu dhabu`uutii ,duuba namni nabsee isaa waan hamtuudharraa dhoowwuu baatee ,dalaysiise ,nabsee isaa miidhee ,Rabbiifii ,nama birattillee,inni saphlata`aa ,gatii hin qabu ,nabi Muhammad nageenyi isaanirratti haa jiraatuu,waan as deemu kanarraa Rabbitti maganfatuu turee, ummataa isaanillee,akka irraa maganfatan isaan barsiise wanni inni irraa maganfate sun {waa dalaguu dadhabu` hifannoota ,dullummaa nama totorraaftu, luynummaa ,doyn`ummaa ,azaaba qabri`ii ,qalbii Rabbin sodaanne, nabsee hin quufne ,beekkomsa hin fayyanne, du`aa`ii hin qeebalamne}.Wanni nabi muhammad waan kanarraa Rabbitti maganfateef wanni hundi harka Rabbiiti jirtii ,isumaatu irraa nama eegu dandaya`aafii , duuba yoo nabi Muhammad , kan Rabbiin nafsee isaa xahaarsee jiru ,kan waan sanirraa maganfatu taate nuti akkam haa taanu,du`aa`in nabi Muhammad nu barsiise hunoo tana akka ibnu kathiir dubbatetti.

اَللَّهُمَّ اِنِّيٓ أَعُوذُ بِكَ مِنَ الۡعَجۡزِ وَالۡكَسَل وَالۡهَرَم وَالۡجُبۡن وَالۡبُخۡل وَعَذَابِ الۡقَبۡرِ اللَّهُمَّ آتِ نَفۡسِيۡ تَقۡوَاهَا وَزَكِّهَا أَنۡتَ خَيۡرُ مَنۡ زَكَّاهَا أَنۡتَ وَلِيُّهَا وَمَوۡلَاهَا اللَّهُمَّ إِنِّيۡ أَعُوذُ بِكَ مِنۡ قَلۡبٍ لَا يَخۡشَعُ وَمِنۡ نَفۡسٍ لَا تَشۡبَعُ وَعِلۡمٍ لَا يَنۡفَع وَدَعۡوَةٍ لَا يُسۡتَجَابُ لَهَا

كَذَّبَتۡ ثَمُودُ

*Ummanni thamuud je`amu ,nabiyyicha isaanii, kan {saalih} {sgaalihg} je`amu kijibsiisanii jiran,

بِطَغۡوَىٰهَآ ﴿١١﴾

**11}***Sababaa isaan warra dilii dalaguu ture tayaniif jecha, maalif diliin dilii harkifti mee atuu laali , nama farshoo dhugu, zinaan , nama arrabsuun itti dhiyaata,nama Rabbin sodaanne ,dilii dalaguun isatti laafti, duuba ummanni {thamuud} kan Rabbitti waa qindeessee, wal miidhuu aadaa godhate ,obboleessi isaanii , itti ergamee, wal miidhuu dhiisaa,Rabbii tokkicha sodaadhaa isuma ibaadaa ,waan biraatin Rabbi hin je`inaa,an ergamaa isaatii ,waanin an je`u dhagayaa je`een, jennaanin milikkanni ati ergamaa Rabbii tayu`uu maali je`aniin jennaanin Rabbiin dhagaa kana keessaa gaala isin laalatanii gartan baasu`u je`een ,akkasitti Rabbiin gaala dhagaa keessaa baasee ,gaala{saalih}je`anii beekhan , duuba waan isiin bishaan hedduu dhuyduuf jecha, ammallee waan gaalli isaanii isii sodaatuf jecha,bishaan addaan qoodatan. guyyaa tokko gaalli saalih kophaa dhugee , guyyaa kaan, gaalli isaanii dhugee ,duuba ummanni {thamuud} sun

gaalli saalih bishaan isaanii dhuguun , itti ulfaatee gaala san ajjeessuu muratan.

إِذِ ٱنۢبَعَثَ

*Gaafa gala san ajjeesu`uu hidhatee ka`e

أَشۡقَىٰهَا ١٢

12}*Irra badaan ummata sanii takkaa ummata walii galanii dabre hundaa eega hundi isaanii gaala san ajjeessu'urratti.

فَقَالَ لَهُمۡ رَسُولُ ٱللَّهِ

*Duuba ergamaan Rabbii { saalih } akki je`een

نَاقَةَ ٱللَّهِ

*Gaalli tun mukgjizaa Rabbiitii hin ajjeesinaa

وَسُقۡيَٰهَا ١٣

13}*guyyaa isi'iif qooddan bishaan isi`iidhaa haa dhuyduu dhiisaa ammoo yoo diddanii gaalattii tana ajjeeftan Rabbiin azaaba isinitti buusee isin fixaa beekhaa je'een.

فَكَذَّبُوهُ

*Duuba azaabni nuttu bu'u hin jiru je`anii , nabi { saalihg } kijibsiisanii

فَعَقَرُوهَا

*Gaala san duraa ajjeessan haa bishaan sun nu qofaa hafu'uuf ,ammallee akka gaalli isaanii gaala san argee, baaragee hin guganne'eef ,

فَدَمۡدَمَ عَلَيۡهِمۡ رَبُّهُم بِذَنۢبِهِمۡ

*Duuba Rabbiin isaanitti dallanee azaaba buusee Isaanitti hagoogee lafarraa isaan fixe , sababaa isaan Rabbitti balleysaniif

فَسَوَّىٰهَا ١٤

14}*Duuba azaaba isaanitti bu`e san iin hunda isaanii waliin gayee, wal qixxeyse odoo namni gaala san ajjeese namicha tokko , kan qudaar ilma saalif je`amu, akkasum { uheymir thamuud } je`amu , qofa tayee jiruu balaan isaan wal geesse , sababaa hundi isaanii,waan inni dalage sanirratti walii galaniif, takkaa jaalataniif, takkaa waan inni mataa isaanii tayeef , tanaaf Rabbiin hunda isaanii fixee, akka waan biyya sanitti takkaa hin argaminii isaan godhe , dachiin isaanin sossootee samiin itti iyyitee , kan nam tokkolleen isaanirraa hin hafin , nama saalihitti amaneefii isa malee.

وَلَا يَخَافُ عُقۡبَٰهَا ١٥

15}*Rabbiin namaatu,maa jara san akkatti fixxe,takkaa balleessite je'ee, na gaafataa hin sodaatu, Rabbiin nam tokkollee soda`aaf , waan fedhe dalaguu hin dhiisu , nama isatti balleyse , akka fedhetti fixaa , namni irraa isa dhoowwu hin jiru.